MOOTUMMAA NAANNOO OROMIYAA

Biiroo Induustirii fi Misooma Magaala Oromiyaatti
Ejensii Misoomaa fi Manaajimantii
Lafa Magaalaa Oromiyaa

Qajeelfama Keessummeessa Qabiyyee Lafa Magaalaa
Ragaa hin Qabnee fi Ijaarsa Seeraan Alaa
Sirna Qabsiisuuf Bahe

Lakk. 05/2008

Adoolessa 2008
Finfinnee

Baafata

Seensa 1

KUTAA TOKKO 2

Tumaalee waliigalaa 2

KUTAA LAMA 9

Tumaalee Waliigalaa Keessummeessa Galmeessaa, Mirkaneessaafi Kenniinsa Ragaa Waraqaa Ragaa Abbaa Qabiyyummaa Qabiyyee Lafa Magaalaa Ragaa Hin Qabnee 9

KUTAA SADII 15

Kenniinsa Waraqaa Ragaa Abbaa Qabiyyummaa Qabiyyeewwan Lafa Magaalaa Waraqaa Abbaa Qabiyyummaa Hin Qabnee 15

KUTAA AFUR 30

Qabiyyeewwan Lafa Magaalaa Amala Addaa Qabanii fi Faayidaa Waliitiif Qabamanii Tajaajila Keennaa Jiranuuf Ragaa Abbaa Qabiyyummaa Kennuu 30

KUTAA SHAN 44

Ijaarsa Seeraan Alaa Sirna Qabsiisuu fi Waraqaa Ragaa Abbaa Qabiyyummaa Kennuu 44

KUTAA JAHA 52

Qaamolee Qabiyyee Seeraan Ala Qabame Seera Qabsiisan 52

KUTAA TORBA 58

Tumaalee Adda Addaa 58

Seensa

Qajeelfama Lakk 5/2008

Qajeelfama Keessummeessa Qabiyyee Lafa Magaalaa Ragaa Hin Qabneefi Ijaarsa Seeraan Alaa Sirna Qabsiisuuf Bahe.

Qabiyyeewwan lafa magaalaa yeroo adda addaa murtii qaama lafa bulchuuf aangoon kennameefiitiin qabamanii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa osoo hin qabaanne jiran akka naannoo keenyaatti lakkoofsi isaanii hedduu yoo tau, abbootiin qabiyyee ijaarsa qabiyyicha irraa qaban suphachuu, jijjiiruu, dhalchiisuu fi dabarsuu waan hin dandeenyeef mirgi itti fayyadama isaanii daangeffamee ture fala argatee qabiyyeefi qabeenya isaanii madda dinagdee akka godhatanii itti fayyadamanii fi tasgabbii sodaa mirga abbaa mirgummaa akka horatanu taasisuun barbaachisaa waan ta'eef;

Qabiyyeewwan seeraan alaa magaalota naannichaa keessatti babal'atanii jiran egeree magaalichaa karaa miidhuu hin dandeenyeen, yeroo tokko qofaaf seera qabeessa taasisuun ijaarsaaleen kun dinagdeetti akka makaman taasisuudhaan mirga lammiilees eeguun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Kun akkuma eegametti ta'ee, Ijaarsi seeraan alaa magaalota keessatti akka hin babal'anne bifa gurmaa'een ittisuufi tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuun sirna qabsiisuun diriirsa sirna ragaa amaayyaawaa magaalota naannoo keenyaa keessatti jalqabame dhugoomsuuf haala mijaawaa uumaan deemuun waan barbaachiseef;

Akkaataa labsii lakk 179/2005 keewwata 17(2) fi Dambii Lakk. 182 keewwata 65tiin qajeelfamni kun bahee jira.

KUTAA TOKKO

Tumaalee waliigalaa

1. **Mata duree gabaabaa**

Qajeelfamni kun **"**Qajeelfama **Keessummeessa Qabiyyee Lafa magaalaa Ragaa Hin Qabneefi Ijaarsa Seeraan Alaa Sirna Qabsiisuuf Bahe.** Lakk. 5/2008" jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Hiikaa**

Akkaataan jechichaa hiika biraa kan kennesiisuuf yoo ta'e malee, qajeelfama kana keessatti;

1) "Mana Maree" jechuun Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
2) "Labsii" jechuun, Labsii Federaalaa Haala Lafti Magaalaa Liiziin Itti Qabamuuf Bahe lakk. 721/2004 jechuu dha.
3) "Dambii " jechuun, dambii lafa magaalaa naannoo Oromiyaa liiziin bulchuuf irra deebiin bahe lakk. 182/2008 jechuudha.
4) "Lafa magaalaa" jechuun, Lafa daangaa bulchiinsa magaalaa keessatti argamu jechuudha.
5) **"**Liizii" jechuun, sirna qabiyyee lafaa mirgi itti fayyadama lafa magaalaa waliigaltee daangaa yeroon murtaa'eetiin itti argamudha.

6) **“**Magaalaa” jechuun, iddoo manni qopheessaa keessatti hundaa’e yookiin ummanni 2000 fi isaa ol kan keessa jiraatuu fi kana keessaa yoo xiqqaate humna namaa %50 kan ta’u hojii qonnaan alaarratti bobba’ee argamudha.

7) “Pilaanii magaalaa” jechuun, pilaanii caasawaa yookiin pilaanii misooma qeyee yookiin pilaanii bu’uuraa magaalaa, yookiin pilaanii giddu gala guddina baadiyyaa qaama aangoo qabuun mirkanaa’e ta’ee, pilaanii mirkanaa’e bu’uura godhachuun pilaanii qoqqoodinsaa qophaa’ee fi ibsa barreeffamaa pilaanii ilaallatu ni dabalata.

8) **“**Qabiyyee Durii Waraqaa Abbaa Qabiyyummaa Hin Qabne” jechuun, qabiyyee akkaataa seeraatiin qabamee manni irra jiru yookiin lafa tajaajila mana jireenyaaf qonnaan bulaan yookiin horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan qabamee manni irra jiru sababa babal’ina magaalaan yookiin magaalichi qaama seerummaa argachuun lafa magaalaa ta’ee qaama dhimmi ilaalu irraa ragaa abbaa qabiyyummaa kennamu kan hin qabne jechudha.

9) “Ijaarsa Seeraan Alaa” jechuun, qabiyyee lafa magaalaa hayyama qaama naannoo keessatti lafa bulchuuf aangoo qabuun ala qabame irratti yookiin lafa seeraan hayyamame ta’ee hayyama ijaarsaa qaama aangoo qabuun kenname osoo hin qabaatiin ijaarsa raawwatame yookiin raawwatamaa jiru kamuu jechu dha.

10) “Mana” jechuun, magaala keessatti mana haala seera qabeessa ta’een yookiin beekumtii seeraa argatee tajaajila kamiifiyyuu ijaarame yookiin ijaramaa jiru dha.
11) “Mana Jireenyaa’’ jechuun, mana ijaarsa tajaajila jireenyaatiif ijaaramuun xumuramee tajaajila kennaa jiru yookiin kan tajaajila walfakkaatuuf ijaaramaa jiru jechuudha.
12) “Mana dhaabbataa” jechuun, mana ijaarsa tajaajila jireenyaatiif ala ijaaramee xumuramee tajaajila kennaa jiru yookiin kan tajaajila walfakkaatuuf ijaaramaa jiruudha.
13) “Mana Tajaajila Makaa” jechuun, mana tajaajila jireenyaa yookiin dhaabbataaf yookiin lamaaniifuu ijaarmaa jiru yookiin ijaaramee xumuramee tajaajila lamaanuu kennaa jirudha.
14) “Qabiyyee Seeraan Alaa” jechuun, qabiyyee lafa magaalaa qaama aangoo qabuun osoo hin hayyamamiin qabame jechudha.
15) “Gatii Liizii Ka'umsaa” jechuun, baasii bu’uuraalee misoomaa gurguddoo diriirsuuf barbaachisu, qabeenya laficha irra qubatee jiru kaasuuf yookiin beenyaa namoota laficha irraa ka’aniif kaffalamuu fi baasiiwwan biroo tilmaama keessa kan galche gatii ka’umsa liizii lafa magaalaa jechudha.
16) “Gatii Caalbaasii Wayitaawaa” jechuun, gatii caalbaasii giddugalaa lafa magaalaa tokko keessatti yookiin

magaalaa ramaddii sadarkaa walgitu keessatti tajaajilaa fi sadarkaa iddoo walfakkaatuu yeroo waggaa lama hin caalle keessatti itti darbe jechudha.

17) “Qoqqoodinsa sirreessuu” jechuun, magaalota pilaanii caasawaa ykn pilaanii misooma qe’ee qaban keessatti ijaarsa seeraan alaa akkaataa pilaanii magaalaatiin walsimsiisuuf qoqqoodinsa hojjetamu jechuudha.
18) “Waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa” jechuun, nama karaa seera qabeessa ta’een mirga itti fayyadama lafaa argateef yookiin qabiyyee seeraan beekamtiin kennameefiif waraqaa ragaa mirkaneessa qabiyyee kennamu jechuudha.
19) “Waraqaa ragaa mirkaneessa abbaa qabiyyummaa yeroo” jechuun waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa lafa yeroo gabaabaaf akkaataa seeraatiin hayyamameef yeroo gababaaf waraqaa ragaa mirkaneessa galmeessa mirga qabiyyee lafa magaalaaf kennamu jechuudha.
20) “Waraqaa ragaa mirkaneessa itti fayyadama lafa qonnaa magaalaa” jechuun qabiyyee lafa qonnaan bulaa yookiin horsiisee bulaa yookiin gamiisa horsiisee bulaa daangaa magaalaa keessa galeef tajaajila qonnaaf yookiin horsiisaaf yookiin lameeniifuu akka ooluuf waraqaa ragaa mirkaneessa galmeessa mirga itti fayyadama qabiyyee lafa magaalaaf kennamu jechuudha.
21) “Waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa qooda lafaa” jechuun abbootiin qabiyyee mooraa yookiin lafa qeenxee

tokko keessa jiraatan yeroo waraqaa abbaa qabiyyummaa gaafatan qabiyyee isaanii addatti qoodanii ragaa irratti kennuuf kan hin danda'amne yoo ta'e qabiyyeen sun addaan osoo hin qoodamin ga'ee isaanii ibsuun waraqaa ragaa mirkaneessa galmeessa abbaa qabiyyummaa kennuu jechuu dha.

22) "Lafa Ofdanda'ee Hin Misoomne" jechuun, bal'inni qabiyyichaa istaandardii bal'ina lafaa isa xiqqaa tajaajilichaaf magaalicha keessatti murtaa'ee gadi yoo ta'e yookiin lafa citee lafa duwwaa cinaa jirutti makamee misooma biroof ooluu kan hin dandeenye yookiin qabeenyi lafa kanarratti argamu tilmaamni gatii ijaarsa yeroon yoo shallagamu ida'ama gatii liizii caalbaasii yeroo lafichaa harka walakkaa ol ta'ee lafa magaalaa argamee fi kallattii rog-arfeen yoo ilaalamu rog-tokko tajaajila dhaabbataaf meetira 7 gad, tajaajila manaaf meetira 4 gad kan ta'e jechudha.

23) "Qonnaan Bulaa" jechuun nama lafa baadiyyaa mirga itti fayyadama lafaa invastimantiin ala seeraan qabatee yookiin argatee hojii qonnaa irratti bobba'uun galii laficha irraa argamuun ofiisaa fi maatiisaa kan bulchu dha.

24) "Horsiisee Bulaa" jechuun nama lafa baadiyyaa invastimantiin ala dheedinsa margaaf qabatee beeylada kan horsiisu ta'ee jireenyi isaafi maatiisaa irra caalaan

beeyladaa fi bu'aa beeyladaarratti kan hundaa'e jechuu dha.

25) "Gamisa Horsiisee Bulaa" jechuun nama lafa baadiyyaa seeraan qabatee jireenyi isaa hojii qonnaa fi horsiisuu irratti kan hundaa'e jechuu dha.
26) "Istaandardii" jechuun istaandardii qoqqoodinsa lafaa yookiin istaandardii ragaa lafaan walqabate yookiin istaandardii kamiinuu jechuu dha.
27) "Nama" jechuun, nama uumamaa yookiin qaama seeraan mirgi namummaa kennameef jechuudha.

3. **Ibsa Kornayaa**

Qajeelfama kana keessatti korniyaa dhiiraatiin kan ibsame dubartiis ni dabalata.

4. **Qajeeltoowwan**

1) Lafti cittuun magaalaa keessatti argamtu kamtinuu abbaan mirgaa addatti bahee mirkanaa'ee, galmaa'uun hammayyeessa sirna qabiinsa ragaa lafaa dhugoomsuuf haala mijaawaa uumuu;
2) Tajaajila keessummeessa gaaffii ragaa mirkaneessaa fi galmeessa mirga abbaa qabiyyummaa qabiyyee lafa magaalaa kennamu hunda loogii, gochaafi ilaalcha kira sassaabdummaa irraa bilisa gochuu;

3) Ququllinni raawwii keessummeessa ragaa abbaa qabiyyummaa lafa magaalaa sosochii hirmaannaa jiraataa magaalichaa uumuun mirkaneessuu fi hojmaata sakatta'iinsa qulqullina hojiirra oolmaa riiformii fi seerota lafa magaalaa jalqabarraa hojiirra oolchuun sadarkaan sakatta'aa deemuu kallattii dandeessisu hojiirra oolchuu;
4) Keessummeessa kenniinsa ragaa lafa magaalaa raawwachuu keessatti istaandaardii fi pilaaniiwwan magaalotaa eegsisuun misooma magaalaa dhugoomsuuf raawwachuu;
5) Mirga abbaa qabeenyummaa uummataafi mootummaa lafaa heera mootummaa biyyattii fi naannichaa bu'uura godhachuun mirga itti fayyadama lafaa lammiileef beekumtii seeraan kennameen walqabatee qabeenya dhaabbataa laficharratti horatame bu'uura godhachuun raawwachuu;
6) Gocha seeraan alaa lafa magaalaa irratti raawwatamu ittisuufi kan kanaan dura raawwatame sirna qabsiisuun egeree misooma magaaloota naannichaa jireenyaafi hojiif mijooftuu gochuuf hojjechuun dirqama lammii har'aa maraa ta'uu hubannoo keessa galchuun hojjechuu;

5. **Daangaa Raawwatiinsaa**

Qajeelfamni kun Magaalota Naannoo Oromiyaa hunda keessatti raawwatiinsa ni qabaata.

KUTAA LAMA

Tumaalee Waliigalaa Keessummeessa Galmeessaa, Mirkaneessaafi Kenniinsa Ragaa Waraqaa Ragaa Abbaa Qabiyyummaa Qabiyyee Lafa Magaalaa Ragaa Hin Qabnee

6. Bu'uura Labsii fi dambii liiziitiin qabiyyeen lafa magaalaa daangaa magaalaa keessatti qaama adda addaan qabamanii tajaajila adda addaaf oolaa jiranu beekamtiin seeraa kennameefi ta'anii waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa argachuuf;

    1) Ulaagaa gosa tajaajilcha qabiyyichaaf dambiifi qajeelfama kanaan tumaman guutee argamuu;
    2) Abbaan mirgaa qabiyyichaa ifatti kan beekamuufi akkaataa dambiifi qajeelfama kanaatiin kan mirkanaa'e ta'uu;
    3) Qabiyyeen ragaan itti gaafatame kun akkaataa dambichaa fi qajeelfama kanaan tumameen manni tajaajila kennaa jiru kan irra jiru ta'uu,
    4) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, qabiyyicha lafa tajaajila qonnaaf qabame yoo ta'e oomisha qonnaaf kan oolaa jiru ta'uu;
    5) Maqaa isaan qabeenya dhaabbataa horachuuf mirgi seeraan kan hin daangefamne yoo ta'e;

6) Hangi bal'ina qabiyyee lafaa fi baay'ina gosa qabeenya dhaabbataa nama yookiin maatii tokkoof seeraan hayyamame ta'uun mirkanaa'uu qaba;
7) Qabiyyeen lafaa ragaan irratti gaafatame mirga seeraa nama biraa kan hin daangessine yookiin kan hin faalleessine ta'uu qaba.

7. Kan keewwata 6 jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, qabiyyeewwan lafa magaalaa ragaa hin qabne bu'uura dambichaa fi qajeelfama kanaatiin ragaan mirkaneessa abbaa qabiyyummaa kennamuufii danda'anu;

1) Qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabne,
2) Qabiyyee lafa magaalaa ijaarsi seeraan alaa dambii lakk. 155/2005 dura irratti raawwatamanii argaman,
3) Qabiyyee lafa magaalaa seeraan qabamee ragaan kennamee olitti seeraan ala dambii lakk. 155/2005 dura babal'isanii dabalanii qabamanii argaman,
4) Qabiyyeewwan dhaabbilee mootummaa,(kan baajata mootummaan bulanu yookiin dhaabbilee misoomaa mootummaa dabalatee) miti mootummaa, tajaajila amantaaf dhaabbilee amantaan, afooshaaleen dambii lakk. 155/2005 dura qabamanii jiranu,
5) Qabiyyeewwan manni mootummaa federaalaa yookiin gandaan bulanuun magaalicha keessatti qabamee jiru,

6) Qabiyyeewwan lafa magaalaa tajaajila yeroof magaalaa keessatti qabamanii yeroon kennameef hin xumuramin yookiin bu'uura dambichaatiin yeroon dabalataa kennameef,
7) Qabiyyeewwan tajaajila misooma magaalaaf pilaanii magaalichaan adda bahanii beenyaan itti kafalamee harka bulchiinsa magaalaatti argamanu, kanneen akka bakkeewwan magariisuu, balfa gogaan itti gatamu yookiin itti walitti qabamu, dirreewwan ispoortii, paarkiiwwan, iddoowwan owwaalchaafi kkf;
8) Iddoowwan magaalicha keessatti tajaajila waliiniitiif waggaatti yeroo murtaa'eef oolanu, kanneen akka iddoowwan cuuphaa, waaqeffannaa yookiin irreeffannaa, fi kkf,
9) Lafa daangaa magaalichaa keessatti tajaajila qonnaaf (oomisha midhaanii yookiin biqiltuu yeroo yookiin dhaabbii, horsiisa/gabbisa beeladaa, kuduraafi muduraa kkf) qabamanii fi oolaa jiranu;
10) Qabiyyeewwan lafa magaalaa dhaabbilee hawaasummaa fi ogummaan qabamanii jiranu(Waldaalee dargaggootaa, kan dubartootaa, waldaalee jiraattota magaalaa, waldaalee barsiisotaa fi kanneen biroo).
11) Qabiyyee lafa gamoo waliinii magaala keessatti argamu hunda kan dabalatu ta'a.

8. Kan keewwata 6 fi 7 irratti tarraa'e akkuma eegametti ta'ee, bu'uura dambichaafi qajeelfama kanaatiin gaaffii ragaa abbaa qabiyyummaa qabiyyeewwan lafa magaalaa ragaa hin qabnee keessummeessuuf haaldureewwan armaan gadii akkaataa barbaachisummaa isaatiin guutamuu qabu;

    1) Qabiyyeen tajaajila manaa gosa tajaajila kamiifuu fi yeroo dambii Lakk.155/2005 dura qabaman kamtinuu qabiyyacharra manni tajaajila kennaa jiru jiraachuun kan mirkanaa'e ta'uu;
    2) Namni mirga abbaa qabiyyummaa kanaaf gaaffii dhiyeessu manni qabiyyicharra jiru kan isaa ta'uun qaama aangoo qabuun mirkanaa'ee yoo dhiyaate;
    3) Gaaffiin ragaa dhiyaate qabiyyee durii waraqaa abbaa qabiyyummaa hin qabne nama dhuunfaanis ta'ee dhaabbilee adda addaan dhiyaate yoo ta'e, qabiyyee durii ta'uu isaa ulaagaa dambii fi qajeelfama kana keessatti tumameen guutee argamuu;
    4) Lafa tajaajila qonnaa adda addaatiif qabameef gaaffii dhiyaate yoo ta'e, abbaa mirgaa qabiyyichaa ta'uu fi tajaajila qonnaafi qonnaan walqabataniif kan oolaa jiru ta'uun qaama aangoo qabuun yoo mirkanaa'eedha.
    5) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) hanga (4) irratti tumame jiraatus, qabiyyeewwan lafa magaalaa tajaajila misooma bulchiinsa magaalichaaf ooluu kamiifuu qabamanii jiranu irraa gaaffii dhiyaatu yoo ta'e,

mormiin ragaa seera qabeessa ta'een deeggeramee dhiyaate nama biraa irraa hanga hin dhiyaannetti akka haaldureetti guutamuun hin barbaachisu.

9. Maddoota ragaa armaan gadii keessaa bu'uura dambichaa fi qajeelfama kanaatiin akkaataa gosa tajaajila, abbaa mirgaa, yeroo mirgichi itti argame fi haala qabatamaa magaalichaa irratti hundaawuun dhugummaan isaa yoo qaama aangoo qabuun mirkanaa'e, gaaffii ragaa abbaa qabiyyummaa qulqulleessuufi murteessuuf itti fayyadamuun ni danda'ama.

   1) Ragaalee barreeffamaa, kanneen akka waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa sirna darguu dura kennamee, xalayaa mirriitii lafaa, murteewwan mana murtii manicha ilaalchisee kenname(dhaaltummaa yookiin haraajiin kan gurgurame, gaa'illi diigamuun manni kan qoodame yoo ta'e), ragaalee nagahee gibira manaafi lafaa, fi kan sadarkaa kanatti madaalamanu, abbaa qabiyyichaa irraa dhiyaatu dhugummaan isaa mirkanaa'e,
   2) Ragaa mirkaneessa itti fayyadama lafa baadiyyaa(Green Card) seera irratti hundaa'ee kennamuun qaama aangoo qabuun mirkanaa'e,
   3) Ragaalee faayiloota bulchiinsa magaalichaa yookiin gandichaa keessatti argamanu,
   4) Ragaalee barreeffamaa akkaataa qajeelfama kanaatiin qaama bulchiinsa magaalichaan ragga'ee dhiyaatu,

5) Magaalota suuraa xiyyaaraa qabanu keessatti yeroo qabiyyeen gaaffiin ragaa irratti dhiyaatu itti qabame adda baafachuuf cittuu lafaan piriinti ta'ee ogeessaan mirkanaa'ee kan dhiyaate,
6) Magaalotni lakkaa'insa ragaa qabiyyee lafa magaalaa geggeessaniin ragaaleen sassaabamanii qulqullummaanii fi ga'eessummaan ragichaa akkaataa qajeelfamaa fi maanuuwaalii hojichaaf baheen qaama aangoo qabuun mirkanaa'e akka ragaa galtee sirrummaa ragaalee biroo itti madaaluuf gargaaramuun ni danda'ama.

KUTAA SADII

Kenniinsa Waraqaa Ragaa Abbaa Qabiyyummaa Qabiyyeewwan Lafa Magaalaa Waraqaa Abbaa Qabiyyummaa Hin Qabnee

10. Bu'uura dambichaatiin qabiyyeewwan lafa magaalaa waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hinqabneef ulaagaalee kanaaf dambichaa fi qajeelfama kanaan tumaman guutanii argamaniif ragaan abbaa qabiyyummaa ni kennamaaf.
11. Bu'uura keewwata 10 jalatti tumameen, kan qajeelfama kana keewwata 6 hanga 9'tti tumaman akkuma eegamanitti ta'anii, gaaffiin waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa qabiyyee lafa magaalaa ragaa hin qabne kamtinuu fudhatama kan qabaatanu ulaagaaleen kanatti aananu hundi guutamanii argamuu qabu;

    1) Qabiyyee lafaa ragaan irratti gaafatame irratti manni ijaarsi isaa xumuramee tajaajila kennaa turee fi jiru jiraachuun,
    2) Qabiyyichii fi manni qabiyyicha irra jiru harka nama gaaffii ragaa dhiyeessaa jiruu jiraachuu fi
    3) Mana qabiyyicha irratti argamu qaamni gaaffii dhiyeessu qabeenya isaa ta'uun ragaan mirkaneessu akkaataa dambichaa fi qajeelfama kanaan mirkana'uu qaba.

12. Kan keewwata 11 jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, gaaffiin ragaa abbaa qabiyyummaa dhiyaate kan qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabnee yoo ta'e;

    1) Maddi ragaa qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabne adda baasuuf fudhatama qabaatanu, walduraa duubaan,

        a) Maqaa abbaa qabiyyichaan yookiin qabiyyichi ragaa mana galmee bulchiinsa magaalaa yookiin gandichaa keessa yookiin bakka lameenuu keessaa qabaachuu sakatta'uun yoo qabaate madda ragaa bu'uuraa ta'ee fudhatama ni qabaata.
        b) Faayila ragaan itti fayyadama lafa baadiyyaa(Green Card) itti kenname,
        c) Ragaa walharkaa fuudhinsa ganda baadiyyaa magaalaatti makame agarsiisu,
        d) Ragaa qaama aangoo qabuun magaalichi qaama seerummaa argachuun itti mirkanaa'e,
        e) Akkaataa keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee (a) jalatti tumameen ragaan mana galmee keessatti yoo hin argamne, abbaan qabiyyichaa ragaalee qajeelfama fi keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti tarreeffaman keessaa kan of-harkaa qabu ta'ee ragaalee dhiyeeffate;

f) Kan keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee (e) irratti ibsame akkuma eegametti ta'ee, dabalataan ragaaleen dhiyeessii bu'uraalee misoomaa (Biilii bishaan dhugaatii, kan ibsaa, kan bilbilaa) yookiin qabiyyee lafa magaalaa tajaajila invastimantiif kiraan hayyamaman yoo ta'an ragaalee saayit pilaanii fi hayyama ijaarsaa maqaa abbaa qabiyyichaan kennaman qabiyyichaan walqabatanu akka madda ragaa dabalataatti fudhachuun ni danda'ama.

g) Akkaataa keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee (a) hanga (e)'tiin ragaan dhihaatu irratti hundaa'uun murtii osoo hin kennin dura seera qabeessummaan isaa qaama aangoo qabuun mirkanaa'uu qaba.

2) Gaaffiin ragaa abbaa qabiyyummaa dhiyaate qabiyyee durii waraqaa abbaa qabiyyummaa hin qabne ta'uu isaa mirkaneeffachuuf, Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, ragaalee armaan gadii keessaa yoo xiqqaate tokko dhugummaan isaa qaama aangoo qabuun mirkanaa'ee dhiyaannaan fudhatma ni qabaata;

a. Waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa durii kan Labsii lakk. 47/1967 dura kennameefi qabiyyichi yookiin manichi guutummaatti kan

Mootummaadhaan hin dhaalamne ta'uun yoo mirkanaa'e;

b. Qabiyyichi Labsii lakk. 47/1967 dura qabamuu isaa ragaan barreeffamaa faayila mana galmee keessatti yoo argame;
c. Ragaan qaama aangoo qabuun kenname qabiyyeen lafaa kun seera yeroo saniitiin eeyyamamuu isaa agarsiisu galmee kuusaa isaa keessatti kan argamu yoo ta'e;
d. Ganda qonnaan bulaa gara magaalaatti dhufe yookiin ganda baadiyyaa beekumtii magaalummaa kennameef yoo ta'e, nagahee kaffaltii gibira itti fayyadama lafa baadiyyaa osoo magaalaatti hin daangeffamiin dura yoo xiqqaate kan waggoota 3 bara adda addaatti cite yoo qabaatee fi dhiyeeffachuu danda'ee;
e. Xalayaa yookiin iyyannoo mirriitii lafaa qaama aangoo qabuun qajeelfame yookiin hafteen nagahee mirriitii lafaa faayila mana galmee keessatti yoo argame;
f. Murtii Mana Murtiitiin qabiyyee yookiin mana kana ilaalchisee kenname yoo qabaatee fi faayila mana galmee keessa yoo jiraate;
g. Waraqaa ragaa itti fayyadama lafa baadiyyaa akkaataa seera itti fayyadama lafa baadiyyaatiin

kennameefi seera qabeessummaan isaa mirkanaa'e argame ta'a.

3) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti ragaalee tarraa'an kanneen qulqulleessuun murtee kennuuf adeemsi raawwii qulqulleessuu hordofamuu qabu,

a) Faayila abbaa qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabne mana galmee Ejensii magaalaa yookiin gandaa keessa jiraachuu barbaaduun yoo argame, haala qabiyyicha itti argamee (bittaan, kennaan, dhaalaan, mirriitiin yookiin kan biroon) fi qabiyyichi yookiin manichi guutummaan yookiin gartokkeen dhaalamuu dhabuu isaa adda baasuun galmeessuufi, ragaa gurmeessuu;
b) Ragaaleen keewwata kana keewwata xiqqaa 2(d) jalatti ibsaman qulqulleessuuf, ragaan dhugummaa isaa mirkaneessu (ragaa walharkaa fuudhinsa gandichaa yookiin ragaa magaalichi qaama seerummaa argachuu argisiisu) walqabatee kan dhiyaate ta'ee manni kun yeroo sanatti ijaaramee tajaajila kennaa jiraachuu yookiin kennuu jalqabuun bulchiinsa gandaa yookiin magaalichaan ragga'ee akka dhiyaatu gochuu;
c) Ragaan keewwata kana keewwata xiqqaa 2(g) irratti tuqame qulqulleessuuf, seera kenniinsa ragaa itti

fayyadama lafa baadiyyaaf bahe hordofee kan kenname ta'uu isaa qaama ragaa kana kenne irraa ragaan mirkaneessu barreeffamaan akka dhiyaatu gochuu fi manni qabiyyicha irratti ijaaramee tajaajila kennaa ture yookiin kennuu jalqabe yeroo ragichi kennametti jiraachuun akkaataa qajeelfama kanaatiin qaama aangoo qabuun ragga'ee dhiyaachuun mirkanaawuu qaba.

d) Ragaaleen keewwata kana keewwata xiqqaa (2) tartiiba qubee (b), (c), (e) fi (f) jalatti tarreeffaman akka mirkaneessa gosa qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hinqabnee tokkootti fudhachuuf ragaaleen dabalataa kan armaan gadii keessaa yoo xiqqaate tokko dhiyaachuu qaba;

   i. Nagaheen kafaltii gibira manaa fi kiraa lafa magaalaa maqaa abbaa mirgaa qabiyyichaan bara adda addaa bara 2001 dura kenname yoo xiqqaate kan bara 3(sadii) yoo dhiyaate,
   ii. Ragaalee maqaa abbaa mirgaan mana qabiyyicha irra jiruuf bu'uurri misoomaa(kanneen akka bishaan, ibsaa, bilbila sararaa) itti hayyamame yookiin biilii (nagahee) bara 2001 dura bara adda addaa yoo xiqqaate kan bara 3 kafaltiin itti raawwatame,

e) Bal'ina qabiyyichaa sanada fudhatama argate irra jiruu, qabiyyicha safaruun kan argamee fi ragaalee lameen gidduu garaagarummaan yoo jiraate adda baasuun galmeessuu;

f) Tajaajila qabiyyichi kennaa jiruu fi gosa tajaajilaa pilaanii itti fayyadama lafaatiin jiru waliin ilaalamee adda baasuun ragaa isaa qabiyyee lafaa tokko tokkoon gurmeessuufi qabachuun murteef qopheessuu dha.

4) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) hanga (3)tti armaan olitti tarraa'an akkuma jiranutti ta'ee, Qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabneef waraqaa ragaa keennuun dura bu'uuraan qabxiiwwan ilaalamuu qaban;

a) Qabiyyicha keessa manni labsii lakk.47/67'n dhaalame kan hin jirre ta'uun mirkannaa'uu qaba;

b) Abbaan qabiyyichaa ifaan ulaagaa qajeelfama kana keessatti tumameen ragaan mirkanaa'ee beekamuu qaba;

c) Mirga dhaalaan yookiin bittaan argame yoo ta'e ragaa qabatamaan mirkanaa'uu qaba;

d) Daangaa fi tajaajjilli qabiyyichaa ifaan beekamuu qaba;

e) Walitti bu'iinsa daangaa, gaaffii naaf malaa fi dhoorkii kamiyyuu gandatti yookiin Ejensiitti kan hin dhihaanne ta'uun isaa mirkanaa'uu qaba.

13. Tumaaleen keewwata 11 fi 12 jalatti tarraa'an akkuma eegamanitti ta'anii, gaaffii ragaa abbaa qabiyyummaa qabiyyee ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabnee keessummeessuu keessatti nama mirga abbaa qabiyyichaa qabu adda baasuun murteessuuf ragaaleen armaan gadii akkaataa barbaachisummaa isaatti fayyadamuun ni danda'ama;

1) Ragaaleen qajeelfama kana keewwata 12 keewwata xiqqaa (1) fi (2) jalatti madda ragaa fi qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabne adda baasuuf tarraa'an keessaa maqaa abbaa qabiyyichaa kan agarsiisanu,
2) Ragaalee mannii fi qabiyyichi akkaataa itti argame agarsiisanu, kanneen akka waliigaltee dabrsa manaa, murtee mana murtii dhaaltummaa,
3) Ragaa hayyama haaromsa ijaarsaa,
4) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) hanga (3)tti ragaaleen tarraa'an jiraatanus, ragaan bu'uuraa abbaa mirgaa qabiyyichaa ta'uu nama tokkoo murteessuuf fudhatama qabu ragaa bulchiinsi ganda magaalichaa manaa fi qabiyyicha

nama abbaa mirgaa ta'e ulaagaa qajeelfama kanaan taa'een adda baasee mirkaneessee kennuu dha.

14. Bu'uura dambichaa fi qajeelfama kanaatiin bal'inni qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hinqabnee fudhatama qabaatuu fi ragaan kennamuuf akkaataa armaan gadiin kan murtaawu ta'a;

1) Ragaa bal'ina qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabnee kan ragaa qajeelfama kanaan fudhatama argatee fi lafarratti saffarriin argame gidduu garaagarummaan yoo jiraate, baaxiin bal'ina lafaa dambichaa fi qajeelfama kana keessatti gosa tajaajilichaaf murtaa'e hanga hin caalletti, kan ragaa dhiyaate irra jirutu fudhatama qabaata.
2) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, lafti saffarriin argame kan ragaa fudhatama argate irra jiru caalee yoo argame, bal'ina lafa caalee argamee kana akkaataa dambichaa fi qajeelfama kana keessatti lafa seeraan ala babal'atanii qabamaniin murtee argata.
3) Bal'inni lafaa kan safaramee argame ragaa fudhatame argatee gadi yoo ta'e, istaandaardii magaalichaatiin fudhatama kan qabu ta'ee argamnaan bal'inuma safarriin argameen murteen kennama.

4) Qabiyyee tokko keessa manni tokkoo ol nama adda addaan(mana gandaa yookiin mootummaa dabalatee) horatamee qabamee kan jiru yoo ta'e, ulaagaalee dambichaa fi qajeelfama kanaan tarraa'an guutanii argamnaanii fi addaan qooduuf istaandaardii pilaanii magaalichaan kan fudhatama argatan yoo ta'e, hanga bal'ina qoodinsa lafaa abbootiin mirgaa irratti waliigalanuu fi istaandaardii bu'uura godhachuun addaan qooduun ragaan qopha qophaatti kennuun ni danda'ama.
5) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jaltti tuqameen addaan qooduun kan hin danda'amne yoo ta'e, ragaan abbaa qabiyyummaa gahee qoodinsa lafaa/proportion/ kennamuufiin ni danda'ama.

15. Kenniinsi Murtee bal'ina lafaa qabiyyee durii waraqaa abbaa qabiyyummaa hin qabne kan tajaajila mana jireenyaatiif oolaa jiruu, kan keewwata 14 jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee akka armaan gadiitti kan raawwatu ta'a;

1) Qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qaqbnee kan tajaajila mana jireenyaaf oolaa jiru, hanga kaare meetira 500 kan ta'e akkaataa qabiyyee duriitiin hayyamameefii kiraadhaan kan bulu ta'a;
2) Qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabnee bal'inni isaa kaare meetira 500 gadi

ta'eef waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa kan kennamu hanga istaandaardii bal'ina lafa mana jireenyaa magaalichaan eeyyamamuu gadi hanga hinta'initti kanuma qabamee jiru qofaa irratti ta'a;

3) Qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hinqabne kan istaandaardii bal'ina lafa mana jireenyaa magaalichaatii gadi yoo ta'e qabeenya laficha irra jiruuf beenyaan kafalamee, qabiyyichi baankii lafaatti akka galu taasifamee, lafti bakka bu'iinsaa istaandaardii bal'ina lafa mana jireenyaa magaalichaa isa gadi aanaadhaan waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa ni kennama;
4) Lafti kaare meetira 500 ol jiru irraa citee akkataa istaandaardii itti fayyadama lafa magaalichaatiin misooma biroof ooluu kan hin dandeenye yoo ta'e, abbaa qabiyyichaaf kan itti dabalamuuf ta'ee, qabiyyeen walitti makamu sirna kiraatiin bula;
5) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, lafti citee hafu kan of danda'ee misoomuu danda'u yoo ta'e, gatii ka'umsaa liizii yeroo magaalichaatiin addatti liiziidhaan hayyamamuu ni danda'a;
6) Qabiyyeen akkaataa keewwata kan keewwata xiqqaa 5tiin hayyamamu tajaajilli isaa pilaanii itti fayyadama lafa magaalaan kan murtaa'u ta'a.

16. Bal'ina qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabne kan tajaajila dhaabbataaf oolaa jiranii, kan keewwata 14 jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee akka armaan gadiitti kan murtaawu ta'a;

1) Qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabnee kan tajaajilli isaa dhaabbataaf ta'e, hangi bal'ina lafaa waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa irratti kennamuu akkaataa istaandaardii gosa tajaajilichaaf bahu isa xiqqaadhaan kan murtaa'uu fi kiraan kan bulu ta'a;
2) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumame jiraatus, lafti isataandaardii gosa tajaajilichaa irraa citee hafe akkataa istaandaardii itti fayyadama lafa magaalichaatiin misooma biroof ooluu kan hin dandeenye yoo ta'e, dabalataan kan hayyamamu ta'ee, qabiyyeen walitti makamu sirna kiraatiin bula;
3) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee lafti citee hafu kan of danda'ee misoomuu danda'u yoo ta'e, gatii liizii caalbaasii waayitaawaatiin addatti liiziidhaan hayyamamuu ni danda'a;
4) Qabiyyeen akkaataa keewwata kan keewwata xiqqaa (3)'n hayyamamu tajaajilli isaa pilaanii itti fayyadama lafa magaalaan kan murtaa'u ta'a.

17. Kan keewwata 14 hanga 16'tti tumaman akkuma eegamanitti ta'ee, dhimmootni kanatti aananu raawwii keessummeessa qabiyyee lafa magaalaa waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabnee keessatti haala armaan gadiitiin murteessuun ni danda'ama;

1) Qajeelfama kana keewwata 15(5) fi 16(3) jalatti kan tumame jiraatus; abbaan qabiyyee akkaataa pilaanii itti fayyadama lafa magaalaatiin misoomsuuf fedha yoo dhabe, qabeenya dhaabbataa qabiyyicha irra jiruuf beenyaan akkaataa seera beenyaatiin kan kaffalamuuf ta'ee, qabiyyichi baankii lafaatti akka galu taasifama.
2) Qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabneefi tajaajilli isaa mana jireenyaa yookiin dhaabbataaf yookiin wal makaa yoo ta'e, qabiyyee waliigalaa keessaa gosa tajaajilaa dhibbentaa shantamaa ol qabate gosa tajaajila lafichaa ta'ee fudhatama.
3) Qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabne tajaajilli duraan kennaa ture pilaaniidhaan yoo jijjiirame, ragaan kennamuuf tajaajila qabiyyichi kennaa jiruun ta'ee, ijaarsa bakka sana irra jiru bakka jirutti haaromsuun ala akka hin fooyyessine yookiin ijaarsa haaraa akka hingaggeessine dirqama seenuu qaba.

4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti kan tumame yoo jiraates, iddichi akkaataa ramaddii pilaanii fi istaandardii jiruun tajaajila misoomaa birootiif abbaa qabiyyichaatiin misoomuu kan danda'u yoo ta'e, abbaa qabiyyichaaf tajaajila kanaaf hayyamamuu ni danda'ama; ta'us yoo abbaan qabiyyichaa qabeenya qabiyyicha jiruuf beenyaa osoo hin gaafatin bakka lafti tajaajila kennaa jiruuf ta'u bakka bu'iinsaan akka kennamuuf yoo barbaade mirgi isaa ni eegamaaf.
5) Keewwata kana keewwata xiqqaa (4) jalatti kan jiru akkuma jirutti ta'ee, bulchiinsa magaalichaa karoora waggaa shanii keessatti iddoo qabiyyichi itti argamu akkaataa pilaaniitiin misoomsuuf kan karoorfate yoo ta'e, lafa bakka bu'iinsaa fi kafaltii beenyaa raawwatee misoomsuu ni danda'a.
6) Namni akkaataa dambicha keewwata 8 fi qajeelfama kanaatiin waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa kennameef, kiraan qabiyyichaa kuufame kan irra jiru yoo ta'e, haala addaan qaama aangoo qabuun hanga hin haqaminitti, bara qabiyyichi qabamee eegalee kan herregamuu ta'ee, guyyaa waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa kennameef irraa eegalee waggaa sadii keessatti akka kaffalee xumuru qaama dhimmi ilaalutti dhihaatee dirqama seenuu qaba.

7) Keewwata kana keewwata xiqqaa (6) jalatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, abbaa qabiyyee waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hinqabnee kaffaltii tajaajilaa qofa kaffalchiisuun waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa ni kennamaaf.
8) Kan Dambicha Keewwata 8(15)tiin tumame qabiyyee lafa magaalaa haala kanaan qabamee jiru kamiinuu irratti, haala addaan qaama aangoo qabuun hanga hin murtaa'initti, raawwatiinsa ni qabaata.
9) Namni qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabnes ta'ee, ijaarsa seeraan alaa ulaagaa dambichaa fi qajeelfama kanaan taa'e guutu magaalaa tokko keessatti qabiyyee tokkoo ol yoo qabaate gatii liizii caalbaasii waayitaawaatiin sirna liiziitti galee waraqaan ragaa abbaa qabiyummaa kan kennamuuf ta'a.

KUTAA AFUR

Qabiyyeewwan Lafa Magaalaa Amala Addaa Qabanii fi Faayidaa Waliitiif Qabamanii Tajaajila Keennaa Jiranuuf Ragaa Abbaa Qabiyyummaa Kennuu

18. Qabiyyeewwan lafa magaalaa mirga qabeenya dhaabbataan walqabatee amala addaa qabanuu, akkasumas faayidaa uummataaf qaama mootummaa fi hawaasaa adda addaatiin qabamanii tajaajila kennaa jiranuufi waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabneef, bu'uura tumaalee dambichaa fi qajeelfama kanaa keewwata 6 fi 7tiin ulaagaa haala tajaajilaa fi bu'uura seeraa qabanuun addatti qajeelfama kanaan tumameen waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa ni kennamaaf;

19. Qabiyyeewwan keewwata 18 jalatti ibsaman, kan qajeelfama kana keewwata 7 keewwata xiqqaa(7) hanga (9) jalatti ibsameen ala ta'e, kamtinuu waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa kan kennamuuf,

    1) Qabiyyee lafaa Dambiin lakk. 155/2005 ragga'uun dura qabamanii tajaajila kennuu kan jalqaban yoo ta'an;
    2) Qaamni qabiyyee kana bulchuuf aangoo seeraa qabu yookiin qaama seerummaa qabu yoo jiraate;

3) Qabiyyee lafa magaalaa qabeenyi dhaabbataan irra jiruu fi/yookiin tajaajila kennaa jiru ta'uun yoo mirkanaa'ee dha.

20. Kan keewwata 19 jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, akkaataa qajeelfama kana keewwata 18 jalatti qabiyyeewwan waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabneef haala gosa tajaajilaa fi bu'uura seeraa qabiyyee kanaan adda bahanii akkaataa armaan gaditti tumameen waraqaan abbaa qabiyyummaa ni kennamaaf;

1) Haala qabiyyeewwan lafa magaalaa manneen hojii mootummaa bajata mootummaan bulaniin qabamaniif waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa itti kennamu:

a) Qabiyyichii fi manni yookiin qabeenyi dhaabbataan qabiyyicha irra jiru kan mana hojii kana ta'uu ragaa barreeffamaa kan dhiyeessuu danda'u ta'uu qaba;

b) Waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa maqaa mana hojichaatiin kan qophaa'u maqaa isaatiin qabeenya hin sochoone horachuuf mirgi seeraan kan kennameef ta'uu isaa ragaa barreeffamaan yookiin seera hundeeffama mana hojichaa ragga'e dhiyeessuun yoo mirkanaa'e ta'a, kana ta'uu baannaan maqaa

qaama mootummaa dhimmi ilaaluun kan kennamu ta'a;

c) Pilaanii magaalaa waliin kan wal hinfaalleessine ta'uun isaa mirkanaa'ee, waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa sirna qabiyyee duriitiin kan kennamuuf ta'a;

d) Keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee (c) irratti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, pilaanii magaalaatiin kan walhinsimne yoo ta'e, bu'uura qajeelfama kana keewwata 17 (3)n kan keessumaa'u ta'a.

e) Bal'inni lafaa mana hojii kanaan qabamee jiru bal'inaa fi amala tajaajila manni hojichaa kennaa jiru waliin madaalamee kan murtaa'u ta'ee, bal'inni qabiyyee kanaa qisaasama lafa magaalaa kan qabu yoo ta'e, bulchiinsi magaalichaa irraa hir'isuun misooma biroof bu'uura pilaanii magaalichaan oolchuu ni danda'a.

2) Haala kenniinsa waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa qabiyyeewwan lafa magaalaa manneen gandaa yookiin mootummaa;

a) Qaamni mana mootummaa kana bulchuuf aangoon kennameef tarreeffama ragaa manneen kanaa teessoo guutuu(ganda

keessatti argamu, lakkoofsa manaa) waliin xalayaan dhiyeessuu qaba.

b) Manneen kana bulchaa jiraachuu fi kan nama dhuunfaa ta'uu dhabuu isaaf waliigaltee qaama manicha kireeffatee jiruun waliin taasifame yookiin ragaa biroo fudhatama qabu qaamni manaa fi qabiyyee kana bulchuuf aangoon kennameef dhiyeeffachuu qaba.

c) Waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa maqaa qaama manneen kana bulchuuf aangoon seeraan kennameen kan kennamu ta'a.

d) Bal'ina lafaa ragaan kennamuuf kan qabamee jiruu fi safaramee argamu ta'ee, qabiyyee mirgi nama biroo keessatti argamu yoo ta'e, akkaataa qajeelfama kana keewwata 14 Keewwata xiqqaa (4) yookiin (5) jalatti tumameen kan murtaa'u ta'a.

3) Haala kenniinsa waraqaa ragaa qabiyyee lafa magaalaa dhaabbilee gargaarsaa bu'aaf hindhaabbannee yookiin dhaabbiilee hawaasummaa biroon qabamanii itti keessummaawu;

a) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kanneen tumaman kana irrattis akkaataa

barbaachisummaa isaatiin raawwatiinsa ni qabaatu;

b) Waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa maqaa dhaabbata mootummaa dhaabbaticha bulchuuf aangoon seeraan kennameefiin qophaa'ee ni kennama.

4) Qabiyyeeewwan lafa magaalaa waldaalee yookiin dhaabbilee hawaasummaa yookiin misoomaan qabaman waraqaan ragaa abbaa qabiyyumaa hin qabneef waraqaan ragaa kan kennamu:

a) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti tumaman hundi akkaataa barbaachisummaa isaatiin waldaalee kanneen irrattiis raawwatiinsa ni qabaata;

b) Waldaalee ogummaa yookiin dhaabbiilee misoomaa mootummaa galii ofii isaaniitiin bulan bu'uura qajeelfama kanaan qabiyyeewwan durii tajaajila dhaabbataaf oolan itti keessuma'aniin kan keessummeeffaman ta'ee, bal'inni iddoo olaanaa heyyamamu irratti daangaan osoo hin kaa'amin bu'uura pilaanii qoqqoodiinsaatiin ta'a;

c) Qabiyyeewwan waldaalee hojii gamtaa yookiin waldaalee uummataa waraqaan raga abbaa qabiyyummaa qophaa'ee ni kennamaaf;

5) Qabiyyeewwan lafa magaalaa afooshaaleen qabaman akkataa qajeelfama kana keewwata 11 jalatti tumameen qulqullaa'anii fi mirkanaa'anii waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa kan kennamuuf haala armaan gaditti ibsameen ta'a:

a) Afooshichi qaama seerummaa kan qabuu fi qabiyyicha bulchaa kan jiru ta'uu isaa bulchiinsa gandaa yookiin bulchiinsa magaalaatiin barreeffamaan yoo mirkanaa'e;
b) Afooshaan gaaffii dhiyeesse kafaltii tajaajilaa qofa akka raawwatan taasisuun waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa sirna kiraatiin ni kennamaaf;
c) Qabiyyeewwan afooshaan qabaman pilaanii magaalaan kan wal hinsimne yoo ta'e, qabeenya qabiyyicha irraa qabaniif beenyaan kan kaffalamuuf ta'ee lafti bakka bu'iinsaa ni kennamuufi ni danda'a;
d) Waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa maqaa afooshichaan kan kennamu ta'a.
e) Qabiyyeen afooshaaleen qabaman bifa kamiinuu qaama biroof darbarsuun dhorkaa ta'uun

waraqaa ragaa kennamu irratti barreeffamee kennamuu qaba. Kun akkuma eegametti ta'ee, afooshaan qabiyyee lafa magaalaa qabu kan diigame yoo ta'e, qabiyyicha bulchiinsi magaalaa dhaaluun bulchuu yookiin qabiyyichaa fi mana jiru misooma yookiin tajaajila uummataaf oolchuu ni danda'a.

6) Qabiyyeewwan lafa magaalaa dhaabbilee amantaan tajaajila waaqeffannaaf qabamanii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabneef waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa kan kennamuuf;

   a) Dhaabbatni amantaa kun qaama seerummaa kan qabu yookiin ragaa hayyamni galmeessa amantichaa kan haaromfame(dhaabbilee amantaa hayyama qabaachuun seeraan tumaman yoo ta'an) ta'uun ragaa dhiyaatuun deeggeramee bulchiinsa gandaa yookiin magaalaan mirkanaa'ee dhiyeeffachuun;
   b) Dhaabbatni amantichaa hordoftoota kan qabuu fi tajaajila amantaa kan kennaa jiru ta'uun bulchiinsa gandaan yookiin magaalaan mirkanaa'ee yoo dhiyaate;
   c) Qaama dhaabbata amantaa kana bulchuuf aangoo qabuun yookiin qaama aangoo qabuun nama bakka bu'een moggaasa maqaa

dhaabbata amantichaan waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa ni kennama.

d) Qabiyyichi pilaanii magaalaan kan walhinsimne yoo ta'e, hanga pilaanichi raawwatamutti bu'uura qajeelfama kana keewwata 17 (3)n kan keessumaa'u ta'a.

e) Bal'inni qabiyyee lafaa ragaan irratti kennamuu danda'u lafa dallaan daangeffamee fi ijaarsi irratti raawwatamee qabamee tajaajila kennaa jiru bu'uura godhachuun lafa safaramee argamu ta'a.

f) Kan keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee (e) irratti tumame akkuma eegametti ta'ee, bal'nni lafaa ragaan irratti kennamuu inni guddaan daangaan kan hin kaa'amne ta'ee, istaandaardii qoqoodinsa pilaanii magaalichaan kan murtaa'u ta'a.

g) Mormiin daangaa qabiyyichaan walqabatee kan hin jirre ta'uun qulqullaawuu qaba.

7) Qabiyyeewwan lafa magaalaa gamoo manneen waliiniitiif (Kondomiiniyemii) qabamaniif waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa kan kennamu;

a) Abbaan qabiyyee gamoo waliinii kam iyyuu waraqaa ragaa addatti dhuunfaan gaafachuun dura abbaa qabeenyaa ta'uu isaa qaama aangoo

qabuun gamichi yoo galmaa'ee fi galmaa'uu isaatiif waraqaa ragaa yoo qabaate,

b) Waliigaltee miseensoota waldichaa qaboo-yaa'iin deeggaramee yoo dhiyaate waraqaan ragaa abbaan qabeenyummaa manaafi qabiyyummaa gahee qoodinsa lafa waliinii ni kennamaaf.

8) Lafa magaalaa tajaajila yerootiif kennaman ta'anii kan tajaajila kennaa jiranuuf waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa kan kennamuuf,

a) Ragaa Murtee Lafichi qaama aangoo qabuun kenname jiraachuu fi sirrummaan isaa yoo mirkanaa'e,
b) Tajaajila hayyamameef kan oolaa jiru yoo ta'e,
c) Yeroon hayyamame kan hin xumuramnee yookiin akkaataa dambichaatiin kan haaromfame yoo ta'e,
d) Yeroo hayyamameef sirna hayyamameen n waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa yeroo ni kennamaaf.

9) Qabiyyeewwan tajaajila misooma magaalaaf pilaanii magaalichaan adda bahanii beenyaan itti kafalamee harka bulchiinsa magaalaatti argamanu, kanneen akka bakkeewwan magariisuu, balfa gogaan itti

gatamu yookiin itti walitti qabamu, dirreewwan ispoortii, paarkiiwwan, iddoowwan owwaalchaafi kkf, Iddoowwan magaalicha keessatti tajaajila waliiniitiif waggaatti yeroo murtaa'eef oolanu, kanneen akka iddoowwan cuuphaa, waaqeffannaa yookiin irreeffannaa, fi kkf, waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa maqaa bulchiinsa magaalaan yookiin iddoowwan kana bulchuu fi misoomsuuf magaalicha keessatti mana hojii gaheefi aangoon seeraan kennameefiin qophaa'ee kennama.

10) Haala kenniinsa waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa abbootii qabeenyaa lammii biyya alaa ta'an ittiin keessummeefaman ilaalchisee;

a) Lammii biyya alaatiif waraqaa raga abbaa qabiyyummaa kennuuf haal-dureewwan guutamuu qaban:

i. Maqaa isaatiin qabeenya dhaabbataa horachuu akka danda'an mootummaa irraa heeyyama kennameef kan dhiyeessan; yookiin

ii. Hojii investimantii irratti kanneen bobba'anii fi lammiiwwan biyya alaa akka lamii biyyaatti kan lakkaa'aman yookiin abbaa qabeenyaa biyya alaa investimeentii irratti bobba'e ta'uu isaa Ejensii

Investimentii Federaalaa irraa ragaa dhiyeessuu yoo danda'e; yookiin

iii. Dhalataan Itiyoophiyaa lammii biyya alaa kan ta'e, waa'ee waraqaa eenyummaa haalawwan seera irra taa'an guutee dhalataa Itiyoophiyaa ta'uu isaa kan ibsu, waraqaa eenyummaa kan qabu yoo ta'e; yoookiiin

iv. Lammummaan isaa Eertiraa yoo ta'e, kanneen keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee a(i – ii) jalatti tumaman irratti dabalataan, waa'ee qabeenya lammiilee Eertiraa ilaaluuf qaama aangoon kennameefiin abbaa mirgaa qabeenyichaa ta'uu akka danda'an murtaa'uu isaa Ministeera Dhimma Alaa Federaalaa irraa xalayaa barreefamaan yoo dhiyeesse; yookiin

v. Lammummaa Eertiraa qabaatee maqaa isaatiin qabiyyee kan qabuu fi heyyama biyya keessa jiraachuun kan kennameef;

vi. Faayila keeessa waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa akka hin kennamne, dhorkaan yookiin mormii mana murtii yookiin dhorkaa biroon kan hin jirre ta'uun yoo mirkannaa'e.

b) Lammiin biyyya alaa qabiyyee durii waraqaa abbaa qabiyyummaa hin qabne irratti waraqaan abbaa qabiyyummaa akka kennamuuf gaafatan sanadootaa fi ragaalee keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee a(i - vi) jalatti tarreeffaman keessaa tokkollee dhiyyeeffachuu kan hin dandeenye yoo ta'e, Seera Hariiroo Hawaasummaa lakk 391 akka tumameetti ji'oota jaha keessatti qabiyyicha gara lammii Itiyoophiyaatti naannessuun waan irraa eegamuuf, maqaa isaaniitiin waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa hin kennamuuf.

c) Kan keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee (b) jalatti tumame jiraatus, waraqaan abbaa qabiyyummaa osoo hin kenamin maqaan naanna'uu waan hin dandeenyeef, maqaa abbaa qabiyyee duraaniitiin waraqaan ragaa baatii jaha qofaaf tajaajilu kunumti irratti barreeffamee kennamuun ni danda'ama.

21. Akkaataa dambicha keewwata 27 keewwata xiqqaa (10) jalatti tumameen qonnaan bulaan yookiin horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan lafti isaa gara magaalaatti daangeffame, hanga magaalaan beenyaa kaffalee qabiyyee isaa gadi lakkisiisutti mirgi inni qabu itti fufiinsaan akka kabajamuuf mirkaneessi mirga itti fayyadama lafichaa ni kennamaaf.

22. Bu'uuruma qajeelfama kana keewwata 21'n ragaa itti fayyadama lafa qonnaa daangaa magaalaa keessa galeef kennuuf namni gaaffii kana dhiyeessuun ragaaleen bu'uuraa sadarkaan dhiyaachuu qabanu;

    1) Ragaa itti fayyadama lafa baadiyyaa(Green Card) qaama aangoo qabuun gandi qabiyyeen kun keessatti argamu gara magaalaatti daangeffamuun dura seera dhimma kanaaf bahe guutee maqaa abbaa qabiyyichaan kennamee fi dhugummaan isaa mirkanaa'e,
    2) Naga'een gibira itti fayyadama lafa baadiyyaa qabiyyeen kun magaalatti daangeffamuun dura bara adda addaa maqaa abbaa qabiyyichaatiin kenname yoo xiqqaate kan bara sadii yoo dhiyaate,
    3) Bu'uura seera itti fayyadama lafa baadiyyaatiin ragaa barreeffamaa lafichi itti argame mirkaneessu (kennaa, dhaala),
    4) Qabiyyee kana tajaajila qonnaatiif namni kun itti fayyadamaa jiraachuu fi sirrummaa ragaalaa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) hanga (3) jalatti tarraa'an sadarkaan gurmaa'insa uummaataan jiruun qulqullaa'ee bulchiinsa magaalaan mirkanaa'ee ragaan barreeffamaa dhiyaachuu yoo danda'eedha.

23. Qabiyyeen lafa magaalaa ulaagaa keewwata 22 jalatti tumame guuttatee fudhatame argate,

1) Bal'inni lafaa fudhatama qabaatu xiqqaas ta'ee guddaan kan seera itti fayyadama lafa baadiyyaan kan murtaa'e ta'ee, kiraa waggaa kaffalaa tajaajila kanaaf seera kanaan murtaa'een kan bulu ta'a;
2) Waraqaa ragaa ittifayyadama lafa qonnaaf kennamu kana irratti gosa tajaajila qonnaa lafichi oolaa jiru, qabeenya dhaabbataa qabiyyicharra jiru, ragaa miseensota maatii kanaa fi ragaalee biroo barbaachisaa ta'an kan qaabaachuu qabu ta'ee, maqaa haadha manaa fi abbaa manaan kan qophaawu ta'a.

KUTAA SHAN

Ijaarsa Seeraan Alaa Sirna Qabsiisuu fi Waraqaa Ragaa Abbaa Qabiyyummaa Kennuu

24. Bu'uura labsii fi dambichaa keewwata 9'tiin Qabiyyeewwan seeraan ala Dambiin Lakk. 155/2005 gaafa guyyaa 24/05/2005 ragga'uun dura qabamanii tajaajilaaf oolaa jiran pilaanii magaalichaan fudhatama kan argatan yoo ta'e, akkaataa istaandardii tajaajilichaaf magaalichaaf murtaa'uun ulaagaa qajeelfama kanaan tumameen seera qabeessa taasisuun waraqaan abbaa qabiyyummaa ni kennamaaf.
25. Akkaataa keewwata 24 jalatti tumameen qabiyyeewwan seeraan alaa seera qabeessa ta'uun waraqaa ragaa kennuuf ulaagaaleen guutamanii argamuu qabanu;

    1) Ulaagaan qajeelfama kana keewwata 11 jalatti tumame hundi guutamee yoo argame,
    2) Qabiyyichi Amajjii 24, bara 2005 dura kan qabameefi manni irratti ijaarame ta'uun bulchiinsa gandaatiin yoo mirkana'ee;
    3) Namni ijaarsa seeraan alaa geggeesse kun yeroo keewwata kana keewwata xiqqaa (2) irratti ibsame keessatti jiraataa magaalichaa ta'uun kan ragga'e;
    4) Namni qabiyyee seeraan alaa irratti ijaarsa seeraan alaa geggeesse kun daangaa yeroo kana dura umriin isaa waggaa 18 fi isaa ol kan ture;

5) Ijaarsi geggeeffame tajaajila mana jireenyaaf yoo ta'e, abbaan qabiyyichaa keessa kan jiraachaa turee fi jiru ta'uu qaba;
6) Namni qabiyyeen seeraan alaa irratti ijaarsa geggeesse kun magaalicha keessaa mana yookiin lafa tajaajila walfakkaatuuf maqaa isaa yookiin haadhawarraa/abbaa warraatiin kan hin qabnee ta'uu qaba, kanas waadaa seera duratti fudhatama qabu seenee mallatteessuu qaba;
7) IJaarsi seeraan alaa raawwatame kun pilaanii itti fayyadama lafaa fi istaandaardii bal'ina lafa magaalichaan kan walsimu ta'ee yoo argameedha.

26. Ijaarsi seeraan alaa akkaataa dambicha keewwata 9'tiin liiziin kan bulu ta'ee, qabiyyeen ijaarsi seeraan alaa irra jiru seera qabeessa taasisuuf, namni qabiyyicha qabate ulaagaalee keewwata 25 jalatti taarraa'an guuttachuu fi sirrummaa isaa mirkaneessuuf ragaalee fi adeemsa armaan gadii fayyadamuun ni danda'ama;
    1) Abbaan qabiyyichaa Biilii yookiin waliigaltee yookiin nagahee kafaltii bishaanii yookiin ibsaa Amajjii 24, bara 2005 dura mana qabiyyicha irra jirruuf maqaa isaatiin ittiin kaffale yoo dhiyeeffate;
    2) Magaalotni ragaa suuraa xiyyaaraa Amajjii 24, bara 2005 dura fudhatame yoo qabaatan qabiyyicha irratti ijaarsi jiraachuu agarsiisu qaban ogeessaan koodii addaa qabiyyichaaf kennanii pirinti gochuun mallattoo maqaan

deeggerameen mirkaneessuun chaappaan itti gochuun akka madda ragaatti itti fayyadamuu ni danda'u;

3) Ulaagaaleen qajeelfama kana keewwata 25 keewwata xiqqaa (1) hanga (6) fi keewwata kana keewwata xiqqaa (1) irratti tarreeffaman bulchiinsa gandaa fi gandaa gadii akkasumas bakka bu'oota kutaa hawaasa adda addaa irraa filatamanii fi ijaarsa seeraan alaa irratti hin hirmaatiniin mirkanaa'ee dhiyaatuun kan keessummeeffamu ta'a.

4) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) hanga (3) jalatti tarreeffaman akkuma jiranutti ta'ee, ulaagaaleen keewwata 25 keewwata xiqqaa (6) fi (7) jalatti jiranu Ejensiin magaalichaas qulqulleessee dhiyeessuuf dirqama ni qabaata.

27. Qabiyyeen seeraan alaa ijaarsi irratti raawwatame ta'ee ulaagaa qajeelfama kana keessatti tumameen fudhatama argate bal'inni lafaa ragaan abbaa qabiyyummaa irratti kennamu haala armaan gadiin kan murtaawu ta'a;

1) Qabiyyee seeraan alaa magaala keessatti seera qabeessa gochuuf bal'inni lafaa hayyamamuu danda'u istaandaardii gosa tajaajilichaaf magaalicha keessatti hayyamamu isa xiqqaadhaan ta'a.

2) Istaandaardii pilaanii fi tajaajila iddichaatiin walsimsiisuuf qoqqoodinsa lafaa (parcilation) geggeeffamuun bal'ina qabiyyee ragaan deeggerame

yookiin qabamee argamutti dabaluun yookiin hir'isuun ni danda'ama.

3) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, sirreeffamni qabiyyee lafa irratti taasifamu, bilookii tokko keessatti istaandaardii bal'ina tajaajilichaaf taa'e isa xiqqaa gadi ta'uu hin qabu.
4) Keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti kan ibsame jiraatus, qabiyyee seeraan alaa irraa lafti istaandaardii murtaa'een ol ta'ee yoo argame, akkataa istaandaardii magaalichaatiin misooma biroof kan hin oolle yoo ta'e, gatii caalbaasii wayitaawaan hayyamamuufii ni danda'a.

28. Murtee fi akkaataa kafaltii gatii liizii qabiyyee seeraan alaa fudhatama argatee,

1) Ijaarsi seeraan alaa, seera qabeessa kan taasifamu yoo ta'e, gatii ka'umsa liizii gosa tajaajilichaa magaalaa sanaatiin ta'a.
2) Magaalaa sirna liizii keessa hin galle keessatti qabiyyeen seeraan alaa seera qabeessa ta'uun gatii kiraa lafaa gosa tajaajilichaaf waggaan kaffalamu gatii ka'umsa liizii ta'ee sirna liizii keessa gala.
3) Akkataa qajeelfama kanaatiin qabiyyeen seeraan alaa seera qabeessa taasisuun gara sirna liiziitti yemmuu galu:

a) Akaakuu yookiin gosa tajaajilaa pilaanii irratti kaa'ameen, gatii ka'umsa liizii bu'uureeffachuun waliigalteen kan mallatteeffamu ta'a;
b) Barri waliigaltee daangaa yeroo tajaajilichaaf seeraan murtaa'een ta'a;
c) Barri waliigaltee lakkaa'amuu kan eegalu, guyyaa waliigalteen taaasifame irraa eegalee ta'a.

4) Qabiyyeewwan seeraan alaa yoo seera qabeessa taasifamu, bu'uura labsichaa keewwata 20(2) tiin kaffaltiin duraa kan irratti raawwatamu ta'a.
5) Akkaataa Qajeelfama kana keewwata 25 keewwata xiqqaa (4) tiin kafaltiin duraa erga raawwatamee booda, kaffaltiin waggaa waggaan kaffalamu akkaataa kafaltii liizii dambii yookiin qajeelfama kana keessatti ibsameen raawwatama.

29. Qabiyyeen waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa seera qabeessa ta'e qabaatanii bal'ina lafaa seeraan hayyamameen olitti qabanii argaman pilaanii magaalichaan kan walsimu yoo ta'ee fi dambii lakk.155/2005 ragga'uun dura qabame qofti haala armaan gaditti tumameen kessummeeffama;
1) Mana jireenyaaf kan qabame ta'ee, lafti dabalataan qabame ofdanda'ee misoomuu kan hin dandeenye yoo ta'e, qabiyyeen walitti makamuun sirnuma lafa seeraan hayyamameen kan bulu ta'a;

2) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, lafti dabalataan qabame kun ofdanda'ee misoomuu kan danda'u yoo ta'e lafti dabalataas ta'ee kan seeraan qabame ida'amanii hanga 500m^2tti kan jiru gatii ka'umsa liiziin, kanaa ol yoo ta'e ($m^2$500ol kan jiru) gatii liizii caalbaasii wayitaawaan murtaa'a;
3) Tajaajila dhaabbataaf yookiin makaaf kan qabame ta'ee lafti dabalataan qabame kan ofdanda'ee hin misoomne yoo ta'e, keewwata kan keeaawata xiqqaa 1 jalatti kan mana jireenyaaf murtaa'een kan raawwatamu ta'a;
4) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (3) jalatti tumame yoo jiraates, lafti dabalataan qabame kun kan ofdanda'ee misoomu yoo ta'e, hanga bal'ina lafa istaandaardiin taa'e isa xiqqaa dachaa tokkoo oliin hanga hin caalleetti gatii caalbaasii liizii waytaawaatiin hayyamamuu ni danda'a;
5) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (4) jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, lafti dabalataan qabame kun kan keewwata kana keewwata xiqqaa (4) irratti tuqamee ol ta'ee yoo argame karaa/daandii bahaa fi galaa bifa qabaacuu danda'uun citee baankii lafaatti kan deebi'u ta'a.

30. Akkataa Qajelfama kana keewwata (24-29) jalatti tarreeffameen adeemsi sirreeffamaa fi keessummeessa kenniinsa mirkaneessa Waraqaa Ragaa Abbaa Qabiyyummaa pilaanii magaalichaa hordofee raawwatamuu qaba.

31. Ijaarsi seeraan alaa bu'uura labsii, dambii fi qajeelfama kanaatiin seera qabeessa ta'uu hin dandeenye kanneen kanaa gaditti tarreeffaman ta'anii, tarkaanfiin sirreeffamaa akkaataa dambii qajeelfama kanaan kan fudhatamu ta'a;

    1) Ijaarsi qabiyyee lafa labsii lakk. 47/67'n dhaalaman irra jiru irratti geggeeffame seera qabeessa hin taasifamu.
    2) Ijaarsi qabiyyee seeraan alaa irratti geggeeffame kamiyyuu pilaanii qoqqoodiinsaa (Parcelation) fudhatama hin arganne seera qabeessa hin taasifamu, ni digama.
    3) Qajeelfama kana Keewwata (24-29) tiitti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, qabiyyeen seeraan alaa Amajjii 24, bara 2005 booda qabame ulaagaa dambichaa fi qajeelfama kanaan tumamee gutullee, haala kamiiniyyuu seera qabeessa taasiisuun hindanda'amu.
    4) Qabiyyeewwan seeraan alaa qajeelfamaa fi keewwata kana keewwata xiqqaa (3) irratti ibsamanii fi kanneen Amajjii 24, bara 2005 dura qabamanii pilaanii magaalichaatiin walhinsimne bulchiinsa magaalichaatiin nidiigama.
    5) Qabiyyeewwan seeraan alaa dambichaa fi qajeelfama kanaan seera qabeessa ta'uu hin dandeenye irratti ijaarsi seeraan alaa ijaaramee fi ijaaramaa jiru bulchiinsi magaalichaa diigee qaama ijaarsa kana raawwate irratti tarkaanfii seera qabeessa ta'e fudhachuuf aangoo ni qaba.

6) Qabeenyi qabiyyee seeraan alaa irra jiru kamiyyuu akka ka'u bulchiinsa magaalaatiin yoo murtaa'u beenyaanis ta'ee, lafti bakka bu'insaa hin kennamuuf.

32. Kan qajeelfama kana keewwata 31 jalatti tumame jiraatus, bu'uura dambichaa keewwata 9 keewwata xiqqaa (12) fi (13)tiin ijaarsa seeraan alaa raawwatame irratti murtee addaa kennuun kan danda'amu;

1) qabeenyi qabiyyee seeraan alaa irra jiru akka diigamu murtaa'e kan ijoollee qotee bulaa yookiin horsiisee bulaa yookiin gamisa horsiisee bulaa jiraataa magaalichaa yookiin naannoo daangaa magaalichaa yoo ta'e,

a) mana yookiin lafa manaa biraa magaala san keessaa kan hin qabne ta'uun akkaataa qajeelfama kana keessatti tumameen qulqullaa'ee yoo mirkanaa'e qofa lafti bakka bu'insaa istaandaardii magaalichaa isa xiqqaan sirna kiraan murtee bulchiinsa magaalaan kan kennamuuf ta'a.

2) Ijoollee qotee bulaa yookiin horsiisee bulaa yookiin gamisa horsiisee bulaa ta'uun kan mirkanaa'u ragaa mana murtii hawaasummaa gandaatiin kennamuun ta'a.
3) Qabeenyi qabiyyee seeraan alaa irra jiru diigamuun isaa dhiibbaa haawwas-dinagdee guddaa kan fiduu danda'u yoo ta'e Manni Maree ilaalee murteessuu ni danda'a.

KUTAA JAHA

Qaamolee Qabiyyee Seeraan Ala Qabame Seera Qabsiisan

33. Aangoo Labsichaan Ejansiif kenname raawwachuuf Koree Qabiyyee Seeraan Alaa Qulqulleessuu fi Koree Seera Kabachiisu sadarkaa magaalaa fi gandaatti Ejensiidhaan ni hundeeffama.

1) Miseensootni Koree Qabiyyee Seeraan Alaa Qulqulleessuu

I. Sadarkaa bulchiinsa magaalaatti

a. Itti gaafatamaan Ejensii …….. Walitti qaba

b. Gaggeessaan Adeemsa Hojii hordoffii fi raawwiin pilaanii isa ilaallatu/ bakka adeemsichi hinjirretti raawwataa dhimmi ilaalu ……. Miseensa

c. Raawwataa dhimmi ilaallatu ……. Miseensa

II. Sadarkaa bulchiinsa ganda magaalaa hundatti

a. Bulchaa gandaa …….. Walitti qabaa

b. Maanaajara gandaa …… Barreessaa fi miseensa

c. Hojjataa Ejensii/bakka bu'aa gaggeessaa Ejensii magaalaa …… Miseensa

III. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa1 (I fi II) jalatti tumame jiraatus, bal'ina hojichaa giddugaleessa godhachuudhaan baay'inni miseensota koree hanga nama shanii ta'uu ni danda'a.

2) Gahee Hojii Koree Qabiyyee Seeraan Alaa Qulqulleessuu

a) Ijaarsaleen seeraan alaa magaalaa keessaa fi daangaa magaalaa fi baadiyyaa gidduutti gaggeeffamu ni hordofaa, ni qulqulleessaa, yaada murtii qopheessee kara maneejimentii Ejensii, magaala Ejensiin maneejimentii hinqabne keessatti kantibaa magaatlaatiin Kaabinee Magaalaatiif bakka Magaalaan Kaabinee hinqabne keessatti Kaabinee Aanaatiif ni dhiyeessa;

b) Qabiyyee fi ijaarsa seeraan alaa Amajjii 24, bara 2005 dura magaalaa/ganda keessatti qabamanii ijaarsi irratti gaggeeffame kamiyyuu galmaa'uu isaa ni hordofa;

c) Ragaa qabiyyee fi ijaarsa seeraan alaa galmaa'an ni qindeessa, ni gurmeessa, ni xinxaala;

d) Qabiyyee fi ijaarsa seeraan alaa ilaalchisee ragaalee qindeessuun akkaataa ulaagaalee dambii fi qajeelfama kanaatiin qabiyyeewwan seera qabeessa ta'uu danda'anii fi diigamuu qaban adda baasee yaada murtee wajjin maneejimentii Ejensiif magaalaatiif,

magaala Ejensiin maneejimentii hinqabne keessatti kantibaa magaatlaatiif ni dhiyeessa;

e) Koreen sadarkaa bulchiinsa magaalaatti dhaabbatee deeggarsa ogummaa barbaachisaa ta'e koree sadarkaa gandaatiif ni taasisa.

f) Hojiiwwan biroo kanaan walqabatanii fi koree seera kabachiisaatiin kennaman ni raawwata; akka raawwatamu ni taasisa.

3) Koree Seera Kabachiisaa fi Gahee Hojii Isaa

Aangoo Labsiidhaan Ejensiin qamolee dhimmi ilaalu waliin akka raawwatu kennameef raawwachuuf koreen qabiyyee fi ijaarsa seeraan alaa irratti tarkaanfii seera qabeessa fudhatu fi seera kabachiisu qaamolee kanatti aananii tarreeffamaniin ni hundeeffama.

a) Miseensootni koree

I. Sadarkaa Magaalaattii

a. Kantiibaan magaalaa bakka magaalaan aanaatiif itti waamamutti immo bulchaan aanaa ..... Walitti qaba

b. Itti gaafatamaan Ejensii …….. Barreessaa

c. Ajajaa poolisii magaalaa yookiin aanaa …. Miseensa

d. Gaggeessaan Adeemsa Hojii hordoffii fi raawwiin pilaanii isa ilaallatu/ bakka adeemsichi hinjirretti raawwataa dhimmi ilaalu …….. Miseensa

e. Waajjira Haqaaa …… Miseensa

f. Waajjira Bulchiinsaa fi Nageenyaa … Miseensa

g. Waajjira dhimmoota koominikeeshinii mootummaa …. Miseensa

II. Sadarkaa bulchiinsa ganda magaalaa hundatti

a) Bulchaa gandaa …….. Walitti qabaa

b) Maanaajara gandaa ……. Barreessaa fi Miseensa;

c) Hojjataa Ejensii/bakka bu'aa gaggeessaa Ejensii magaalaa ……. Miseensa

III. Magaalaa Teessoo Aanaa Hintaanetti

a) Kantiibaan Magaalichaa …….. Walitti qabaa

b) Bulchaa Aanaatiin kan bakka bu'an miseensota 3-5 ta'an miseensa ni qabaata.

4) Gahee hojii koree seera kabachiisaa

I. Ijaarsi seeraan alaa akka hin raawwatamne hawaasa magaalichaaf hubannoo ni uuma, akka uumamu ni

taasisa, hirmaannaa uummataa karaa gurmaa'ina isaan ni cimsa, akka cimu ni taasisa.

II. Ijaarsi seeraan alaa magaala keessaa fi daangaa magaalaa irratti akka hin babal'anne qaama dhimmi ilaalu hunda waliin qindoomina ni uuma, hojmaata ni diriirsa, hojimaaticha hojiirra ni oolcha.

III. Murtee Kaabinee magaalaatiin, magaala Kaabinee hinqabne keessatti Kaabinee Bulchiinsa Aanaatiin ijaarsi seeraan alaa akka diigamu ni taasisa;

IV. Ijaarsa seeraan alaa diigamuuf maallaqa, humna namaa fi loojistiikii barbaachisu qopheessuun mana qopheessaatif gaaffii dhiyeessee ni heyyamsiisa;

V. Ijaarsa seeraan alaa akka diigamu murtaa'e namni ijaarsicha gaggeesse qabeenya qabiyyicha irra jiru guyyaa 7 keessatti akka kaafatu xalayaan akeekkachiisa karaa Ejensiitiin barreeffame harkatti ni qaqqabsisa yookiin ijaarsa raawwatamee irratti ni maxxansa;

VI. Namni ijaarsa seeraan alaa gaggeesse yeroo kennameef keessatti qabeenya isaa kaafachuu yoo baate korichi qabeenyicha diigsisee baasii hojii kanaaf bahes ni kaffalchiisa;

VII. Koren seera kabachiisaa baasii dhimma kanaaf bahe meeshaa ijaarsicha irraa diigame caalbaasii ifaan

gurguree deebisiisuuf mirga qaba, ta'us abbaan qabeenyichaa dhiyaatee baasii bulchiinsa magaalaa deebisuuf yoo gaafate dursa argachuu ni danda'a;

VIII. Yeroo ijaarsa seeraan alaa namni keessa jiru akka diigamu ta'u Koreen Seera Kabachiisaa of eeggannoo barbaachisaan taasifamuu isaa mirkaneeffachuu qaba;

IX. Koreen seera kabachiisaa sadarkaa magaalaatti dhaabbate hojii koree seera kabachiisa sadarkaa bulchiinsa gandaa ol'aantummaan ni hooggana, ni gamaaggama, kallattii ni kaa'a, deeggarsa barbaachisaa ta'e ni kenna.

X. Hojiilee biroo kanaan walqabatan ni olaantummaan ni raawwata, akka raawwatamu ni taasisa, deeggersa barbaachisaa ni kenna.

KUTAA TORBA

Tumaalee Adda Addaa

34. Hanga Istaandaardiin bal'ina lafaa projektotaa fi hojiiwwaan misoomaa birootiif akka Naannootti addatti qophaa'utti, bal'nni Qabiyye Durii Waraqaa Ragaa Abbaa Qabiyyuummaa Hinqabneef eyyamamu fi Ijaarsa Seeraan Alaa seera qabeessa ta'uu kan qajeelfama kanaan adda bahee hinteenyee, akkataa gabatee armaan gaditti dhiyaateen kan keessummeeffamu ta'a.

Istaandaardii Bal'ina Lafaa Qabiyyee Lafa Magaalaa Ragaa Waraqaa Abbaa Qabiyyummaa Hin Qabnee

S/N	Gosa Dhaabbataa	Standard plot size (m^2)	Standard plot size (m^2)
		Minimum	Maximum
1			
1.1	Magaalota Sad. 1ffaa FI 2ffaa	140	200
1.2	Magaalota Sad. 3ffaa 4ffaa	160	200
2	Gamoo daldalaa (gamoo tajaajila daldalaaf ijaarame kireeffamu)	150	1500
3	Dhaabbata Tajaajila Fayyaa	300	5000
4	Dhaabbata Barnootaaf	500	15,000
5	Hoteelotaa fi Ristooraantii	1000	5000
6	Mana Kuusaa	800	2000
7	Warshaaleef	1400	10,000

Hubachiisa: Istaandaardii kun dhimmoota qajeelfama kana keessatti tumamaniif qofa kan fayyaduudha. Dhimma biroof itti fayyadamuun hin danda'amu.

35. Qajeelfamawwanii fi barmaatiileen dhimmoota qajeelfama kana keessatti tumamaniin wal faallessan kam iyyuu raawwatiinsa hin qabaatan.
36. Guyyaa Qajeelfamnii kun Hojii Irra Itti Oolu.

Qajeelfamni kun Adoolessa Guyyaa 11, bara 2008 irraa eegalee hojii irra kan oolu ta'a.

Qaasim Fiixee Daannoo

H/G/Olaanaa Ejensii Misooma fi Manaajimantii Lafa Magaalaa Oromiyaa

Finfinnee


Designing
Tedy Designing and Printing Servises
Tell: 251 912 23 31 38